

# Siifan



**Yaasoo Kabbabaa Hordofaa**

# *Siifan*

*Yaasoo kabbabaa Firdofaa*

**Mirgi abbaantaa seeraan kan eeggame**

**All rights reserved**

---

**Copy right © 2013 : Yaasoo Kabbabaa Hordofaa**

**E mail : [nimoonaa@yahoo.com](mailto:nimoonaa@yahoo.com)**

---

---

**Yaadannoo**

**Enyun yaadadha isaan malee, warra nuuf jecha of wareegan, Isaan-lubbuun takkaa addunyaa kanatti dhufte yoo darbite lamuu akka deebi'uu hin dandeenye odoo beekanuu waan san nuuf laatan...Kunoo kun siidaa isaanii yaa taatu!  
Marabbaa!**

---

---

### Waaduraa

Ummata koo! Maaloo waan keessan narraa fudhadhaa!  
Guduunfaa tana hiikaa! Isintu waliin jedhaan dhagayee isiniin  
jedhe! waan keessan tokko tokkoon isinirraa fuudhee  
baay'isee deebisuu koof imanaa Oromoo naaf laadhaa!  
Akkuman “**Siifan**” isiniin jedhe “**Siifan**” waliin jedhaa!  
Anaanis!

---

**SIIFAN...**

Akka ati of dhabdee  
Anaan maqaa dhaabde,  
akka ati biyyee uffattee,  
ati dhagaa cufattee  
Qarsaa boraafatte:  
siifan yaa cabu,  
Siifan of haadhabu  
an biyyoo uffaadhee  
an dhagaa cufadhee  
qarsaa boraafadhee !

Yaa ilma aayyaa...

Ati gootni kuni, kan michuun rasaasaa,  
Namni akka keetii qooda du'u tasa  
Siifan kakadha qumbii ciniinetoo  
Siifan gaara kaadha barii finiinetoo  
Tasa na geeddarree du'a kee du'uudhaa  
Siifan waanfaleessa bakka kee bu'uudhaa!

Yaa ilma aayyaa...

Natti hoo'uu hin didne manni koo anasii  
Naa fudhachuu hin didnee keessi koo kanasii,

mana hoo'isanii ta'uu abbaa maatii  
gorba horsiisanii ta'uu abbaa waatii  
Siifan bahe malee ijji diida laaltee  
gaaraan na boora'ee ,onneen too na aartee

Yaa ilma aayyaa...

Wannin nyaadhus jiraa, akkittan nyaadhusii  
Karaan kaadhus jiraa,akkittan kaadhusii !  
Yoon wanna san nyaadhee,foon kee natti ta'eet  
yoon karaa san kaadhee mudoon natti ba'eet  
Nyaachurraa of qusadhe, garaan koo beela'e  
Miilli koo adabate daandin sun seela'e  
Odoon qabuu dhabaa  
odoon beekuu dabaa  
Siifan jedhamaamii kinoo amma ammaatti  
Dhaqee galuu dhabee maqaan himamaatii !

Yaa ilma aayyaa...

Siifan akka osolee holqa dhagaatti galee,  
Akka canoo lagaa baala nyaadhee bulee,  
Akka jawwee gannaa biyyoo arrabe malee...  
Siifan akka gommaa hagabee,  
Akka weennii inaaffaan qabee,

Ijji daggala na laalte  
Qalbiin dukkana kajeelte  
Miilli gammoojjiin qajeelte !

Yaa ilma aayyaa...

Siifan' Aduun yaa waaddu, aduun na waaddee  
Siifan' gaadduun yaa gaadduu,  
gaadduun na gaaddee,  
Ana maqaan yaa baduu, maqaan na badee  
Aduun maaf si guba! yakka maaliif sigaadu!  
maqaan maaf sibada ya koodee!

Ati muufattee qoodan ijaan argu,  
Ati rakkattee yoo halagaan saggu,  
gaafas callaan badee yoo aramaan margu...

Sidura na haa oolchu yaa ilma aayyaa!

Isaafis waadaa gale siifan waadaa kakaa  
Saba koo hin nyaadhu jedhe,  
soba dhugaan makaa!  
Sobeetoo abaaree, abaaree ajjeesaa,  
Achumaan kakadhee, kakadheetoo kaasaa,  
Itti buufee sobee dhugaa fafakkeessaa





dhugaa alangee seeraa!  
Kontoma koo dhuma koo,  
siin calqabeen siin fixaa,  
Saba koo dhiiga koo siin baheen siin lixaa!  
Amma ati argitutti waan hamoommattee jirtu,  
Amma ati goonfattutti waan teechetoo murtu,  
Waadaan waadadha foon koo  
manatti hin deebtu!  
Gateettiin koo hin dadhabu , mudhiin hin seela'u  
Foon koo namoo'atee yaadni koo hin naanna'u!  
Siifan manaa bahee waa fiduuf waa kufuu,  
Yookaa fidee dhufuu yookis kufee hafuu  
Gedduu kanatti dabni waa uummamtee,  
Foon koo na moo'udhaaf lubbuun na cubbamtee,  
yoon jalladha ta'e beekaa irraa goree,  
Ekeraan gootota kee lafeen ta'ee qoree  
Irree na haa waraanu akka isa moree!

Yookaas:

Siifan manaa bahee akkan sumaa du'u  
Ayyaanni Oromoo ana faana yaa bu'u  
Kanaafis seenaan dhugaa kaa'ee,  
Risaan ragaa yaa ba'u!  
Yaa ilma aayyaa...

## **GATAA LAKKUU**

Jagni tokko du'eet,gataa isaa baanetoo  
Waalam gannee galle ;waan du'aa taanetoo.  
Gaafa gataa isaa dirreeti baasanii  
Seenaa jabduu isaa biyyatti kaasani  
Dhiiraa dhalaan gadde,imimmaan gadyaa'aa  
Gartokkeen maqa kaan maqaa isaatiif boo'aa.  
Inni du'eet du'aa isaa baatanii,  
Xilahuun Gassasaa maqaa isaa hatanii!  
(yaadannoon isaa maqaa Xilahuun Gassasaa WaldaMikaa'eel  
Za Biheera Bulgaa jedhameef

## **YOOM?!**

Waaqa kadhate malee muka jala taa'ee  
Rabbii saat waame malee tulluutti ol ba'ee  
Eessatti Oromoon muka Waaqa godhe?  
Kan san baatu yaa rakkatuu amantaadha jedhee!

**BILISUMMAA AFRIKAA**

Ol gora'saa oolanii  
Olguuraa galanii;  
Garanni kan garaa,  
Gamni sun kan baraa,  
Faallaa godhee uumee,  
Irraa jalaan tumee,  
Yeroo dukkana Afrikaa  
Bariidha Ameerikaa.  
Dukkanni kun dheeroo,  
Duukaa buune dhiiroo.  
Bar tokko lafaa kaanee,  
Akka gootaa taanee,  
Qabsoo dukkanatti,  
Isa hin bariine kanatti,  
Qawwee eeboo baannee  
Daggalatti banne!  
Achi, Bilisummaa Afrikaa:

Tokkorraa bilisa baanee  
Tokkichaaf bilisa taane!

## **MURTII**

Mootin gaafa dhufee bitaa mirga laalu

Murtii hundaa laateet hiree hireen galu

Gaaf dabni mul'ate,kan qabut qabama

Guyyaa gaaf lakkaawwii kan dhabet dhabamaa!

## **HARMEE**

Si'iif ta'a jedhee irraan olee kaadhee;  
Si'iif darba jedhee dafqa koo fixadhee;  
Boruuf ta'a jedhee garaa koo hidhadhee;  
Dadhabnaan dhaabbadhee si laaluu calqabee,  
Ka'eetan si nyaadha sii nyaachuu dadhabee.

## **BAREEDA**

Ajab bara ammaa miidhagni gadiin caalee  
Koomee koo-meen jedhe gara miilaa laalee!



## **\_HUMNASAA**

Hin yaadda'in harmee, ilma kee hin dhabduu  
Yookan olii malee, namni gadii hin qabduu!

## **BAGA HIIKEE**

Udaan faadhaf malee, бага һиікееи silaa  
Fincaan faadhaaf malee, бага һиікееи silaa  
Odoo akka deemsaa, kan isaantu caalaa  
Qaama keessa hulluuqee, warra goda gahu  
Karaa hi'dogoggoriin, qaawwa qaaman bahu  
Kan ilmoo salphaadhaa, yoom hammana gahaa  
Daa'imni deebi'eet, karaa seene bahaa!

## HAQA KANNIISAA

Maaf jaju kanniisa?

Waliin lagdi malee,  
Walitti hagdi malee  
Kan biraa maal goote?

Maal uuman akkaanaa!

olaanaan ejjeteet  
gad aanaan hojjeteet  
mootii harma hootee

Nu'uu nu sobdeerti,

sagal muka kortee  
sagal qaawwa urtee  
yoo ilillii suuftu;

Nuttuu fakkaatera;

yoo tuutan bobbaatu  
yoo nyaaran gad baatu  
gaafa damma buuftu!

Edaa ishiin yarii !

kaan yaabdeet, kaan hammattee mugdii  
Kaan hagdeet, kaan fincooftee dhugdii  
Waraabessuu kan garaa jaalatu  
Yoom akka kanniisaa,  
waa hageetoo hin nyaatuu!

**GADHEE MITI !**

Gadhee nu se'anii yoo callifnee laalluu,  
Guyyaan keenyaa mitii, dandeenyee hin utaalluu.  
Lugna nu hin se'inaa gadheen yoo gadooduu  
Kormi biyyaa bahe silas hin barooduu!

## **MUCUCOO**

Mucucoo taphannaa lamaa sadi taanee  
Dabareedhan kufnaa hunduu mucucaannee  
Dandamannee kaanan martuu jajjabaannee  
Erga takkaa kufne birriirra ejjennee!

**BADAA!**

Du'i hin du'iin hin jennuu,

gadhee garaa fincaanii

Badi hin badiin hin jennuu,

gowwaa garaa udaanii

Ni nyaattu malee hin yaaddan;

isin diinni midhaanii

Haati isin deesse

Yoom bakka geesse!

Ishiin hin du'inii hin badinii lafaa

Takkaa goota deessee bakka gahuut hafaa.

**HIN AJJEESIN**

Qarallee qabaadhuu  
waan akka magaazii,  
Dhaqaa gala nyaadhuu  
Garaallee jabaadhuu  
Akka fira naachaa  
Imimmaan buusatii  
Ilkaan keetin nyaachaa,  
Fiigicha dandeenyan  
Yoo dhaqqabuuf taate  
Kaadhutii dhaqqabi!  
Dabaa nama keetii  
Dabus silaa keetii  
Hin ajjeesin qabi!

## MOROMAA

‘Afachu! yoon funyaan kee qaawwa aarri keessa bahu,sonba kee bobeessaa cilee,tiruu kee warshaa alkoolii gochuu baadhe---!’naan jedhe otoon ani waan inni ta’ellee hin beekin.Nan wareere;maal taate hin jenneen; aaruu isaa beekera.Akkana naan jedhaa dhiisetoo guyyaa takkallee daba ni yaada jedhee yaadee hin beeku.Garuu obsan dhabe.Akkamittan odoo waan inni ta’ellee hin gaafatin callisa?yoon cal jedheen ammoo na tuffateeti jedheet waan biraa natti fida jedheen sodaadhe. Anis xiqqoo aaruu kajeelera.Maaal taate jedhuun moo maal dhabde jedhuun laata jedheen ofiin mari’adhe.Maal taatee wayyuu hin didu jedheen murteessee kaa’ee maal taate jechuutti dogongoree:

‘Maal dhabdeet---!?’jedheen

‘Maalin argadhe---!’naan jedhe.Ammas irra deebi’een wareere.Garuu ergan dogongoree jedhee booda gaaffiin koo sun sirrii natti fakkaate.Dhugaayyuu maal dhabeeti jedheen of gaafadhe.Sanumaanin gaaffuma san itti deebise.‘Maalin argadhe ?maal faa naaf fidde?akka namaa nama si taasise;bakka namaatin si ga’e;dadhabee asitti na boqachiisi, asitti na buusi siin jedhee hin beeku.Amma garuu sis ofis dadhabeera!na



aarsuu malee didde---!'hin ficcisiifne. Dafee waan barbaadu qofa akka natti himun afaanitti qabe.

‘Mee maaluma barbaadde gabaabumatti’n jedheen.

Garaan isaa waan gubate fakkaata.

‘Ati amma waanan barbaadu wallaltetii!?waan hiriyaan kee qabu qabdaa!?waan uuman namaa argatu argattee ?lubbuun kee fuulduratti maalitti deemti---?’

Reefu wanti inni jedhu hundi bitaa na gale;wanti inni ka’eef hundi na jalaa dhokate.Ibsaa ibseen callisee baaxii baxii ilaalu jalqabe.Ko’ummaan natti dhagahame,keessi koo sodaate.

‘Maaloo natti himimee na hin raakinii!’jedheen kadhadhe ‘Sittan hima akkamin sitti himuu dida---’jedhe.Yoo kanan tilmaamee odoo inni hin dubbatiin dafee dubbadhee eeyyee jedheetoo akka inni gammadu gochuuf kajeele.‘Mee na dhagay’n jedheen. ‘Garuu kan ati yaadde konkolaataa manaa miidhagduu,mana jireenyaa,qabeenya gahaa,---jechuu Barbaaddeti.Ta’us kun hunduu yeroo qaba.Akkuma beektu ani digirii koo kan duraa baranan fudhadhe,naaf eeggachuu, obsuu akkamitti dadhabdeet akkanatti na sardita!?jedhee akkan fedhii isaa dubbadhe baruuf itti dhaggeeffadhe. Itti beekun yaa hafuutii waanan karaa san darbe hin fakkaadhu.Asumaa achi akka ramaxa faana keessaa yaadni isaa na waadde.Homaa itti beekuu dadhabuu kootifii innis baasee natti himuu dhiisuu isaatiin keessi

koo aareen ol jedhee taa'e.Garuu otoo baay'ee hin turin dhaamochuu kajeellanan deebi'ee ciise.

'Dadhabaa'naan jedhe.

Ofii gaditti gad na mil'achaatii waan natti haasa'u natti fakkaate; nattiis gadi ulfaate.Waan narra taa'en se'e. Suuta jedhee gara gateetti kiyyaa yoon qaqqabadhu homtuu narra hin turre!

'Abbaayyuu hin qabduu abbeeradhaa boochi jedhan!' jedheet natti mammaake.Wanneenin ani lafa kaa'een ala ta'uun naaf galus maal akka ta'e tilmaamutu na rakkise.Kontooffadhee, diriirfadhee, asii fi achi garagareen yaade. Hoomaa beekuu hin dandeenye. Sodaadhus deebisee isuma gaafachuun fedhe.

'Maaluma jechuu barbaadde,maaf natti himuu sodaatte?'gaafadhe.

'Ati sodaadhu! ani maalifan sodaadha!'naan jedhe.

'Eegas natti himi'

'Beekta oggaa baay'een siif obse;lubbuun jirti kan jedhamtu yoo jaalattee jaalatamte qofa .yoo kan qarshii argachuun,warqee horachuun,mana godhachuun barachuun, nama waliin ooluun--- hiikni isaa kami!? naan jedhe.Ani silaa jaaladheera; jaalatameera, anaan maal jechuu barbaadeti jedheen of keessatti ususe.

'Ani jaaladhes, jaalatamesiim! Maal jechuu barbaadeti' gaafadhe.

'Eeyyee jaalatteerta;garuu jaalatamteertaa?

‘Jaalatame jedheen amana’

‘Amani!xiqqaas guddaas amani!beekas wallaalas amani! Dhiiras durbas amani!---Waaqas ---amani, hundumaa amani, amantumaan fixi,amantumaan dhiisi;amanamanii akka dhiisan argitaa ---Gowwaa!’ naan jedhe.Hiddi qaaruu isaa dhiita’ee,ijji isaa diimatee,onneen isaa bokoktee dhiiga fincaa’atii waan dubbatu natti fakkaate;na surure!

‘Amanamuu koo moo amanuu kootitu Soba,moo badiidha!?’n jedheen.

‘Amanuun kees amanamuun kees badii miti.garuu jaalachuu kee malee jaalatamuu kee waan beektu waan hin qabneef akka akkanatti dubbattu hin barbaadu’ jedhe.

‘Maalif?’deebiseen gaafadhe.

‘Akkanuma kaa!eega jaalatamtee hin sobamtu, Ega sobamtee ammoo hin jaalatamtu!sii galee!’jedhe.

‘Ani jaalatamuu koo beeka ,ati garuu maal akka argite hin beeku’jedheen itti deebise

‘Hii...iii... gowwaa!’naan jedhe dabaleetoo

‘Maal jechuu keeti?’gaafadhe.

‘gowwaa jechuu kooti’

‘Akkam?’

‘Akkana,ati gootaa mitii,ati dhiiraa mitii---’naan jedhe.

‘Eeyyee goota ,dhiirasi---kanaafuu maaltu yaa ta’u?’

‘Uu---uuu---goota!uuu---dhiira---odoon gadheedhaa?  
Lugnaayis siin jedhee eeyyee jechuun kee hin oolu!’  
yoo naan jedhu amma utaaalee siree kiyyarraa ka’e.  
Maqaa Rabbii waamatan

‘---Maaltu kana natti erge, ergama maalit ta’a yaa  
gooftaa! maal guyyaa abaarramaan! maalinni abaarsi  
akkanaa! maali jeequmsi dhuma hin qabne---!’ Ka’een  
ibsa ibsee sa’aatii ilaale.Halkan aartuudha;  
walakkeessa halkanii sa’aatii 7:30 ta’ee jira.Fuula  
kiyya haxaa’achaan huccuu kiyya kan guyyaa ofitti  
harkisuu jalqabe.U’uffadheen balbala harka tokkoon  
banaatii harka biraatiin ibsa dhaamsee gadi bahe.

‘Afachuukaa amman waan ati abjuudhaan  
hamoommatteefii, namooma kiyya jeeqxee, miira  
kiyya keessa facaastee ciisa na dhoowwite san siif  
dhugoomsee alkoolidhaan si adoochee deebisee

si fidaa! afachu, afachu---’ jedheenitan daandii  
qarsaadhaa gara daalattiititti nama baasutti bahee  
qajeele. Deemsa daqiiqaa 10 tin booda masaraa  
muummee ministeeratiifi galma paarlaamaa  
biyyoolessaa gedduu bahuun mana foonii Girigiroo  
maddii darbuun gara hooteela Asallaatitti gore.  
Baay’ee ho’e ture ; balballi gad cufamee waan tureef  
qilleensi alaa ol hin seenu, kan keessaas gad hin  
bahu.Ukkaammamee waan tureef wayitan alaa ol seenu

akka waan Arbi afuura natti baafatee hoo'i laphee na dhiite. Ta'us dhiibetuman ol seene. Ibsaan gaashaan ifu hin turre. Manni akkasumatti dimismisaa' eet namoota qabachuu isaa qofa mul'isa malee kanatu abalu nama hin jechisiisu. Teessoon lafa jiru hin turre. Hunduu keessaummaa isaa baattateet diraamaa ta'aa jiru dhaggeeffachaa jira. Namoonni wal xaxanii, kaan sirbaatii ,kaan afaan machiitiin waxaxxisaatii, kan of dadhabe ammoo “waan akka daansii” socha'aa keessummeessitoota waamee arrabsaatii, Kaanis ibsaa dimimmisa baaxii keessaa bifa namootaa miidhagsu saniifi sagalee lallaafaa sirboota biyya alaa waliin sochii walsimsiisee kan manuma saniif Waaqni isaan uume fakkeessanii jiru. Teessoo dhabe jedhee hin rifanne; baakkoonitti hirkadheen booree koo ba'uuf Goordoon qaruuradhaan ajejee cabbii otoo itti hin dabaliin walirra walirra bute. Dafee na sochoosuu didnaanin Jiinii itti dabale. Nafti koo na hoo'uu calqabnaanin buusee irraa unee fuula koo gara namootatitti garagarchee doo'achuu jalqabe. Namoonni mana san keessa jiru garri irra caalu cimdaa'eti kan dannasus dannasaa ,kan dhugus dhugaa jira. Kophaa kootan of arge. Addunyaa kanarra waanan kophaa koo jiru natti fakkaateet miirri koo hundi bakka jirutti dhaabbate. Lapheen gaw-gaw na jette. Onneen too waan

baqaqxee maddiidhan dhiiga dhangalaastun se'e.  
Qaamni koo marti qoree baase. Kan duraan natti  
hoo'uu fedhe amma deebi'ee natti qorre.Ko'ummaatti  
wallaalu kooti!

jaaladhee dhabuu kooti!

Odoon jaaladhuu jibbuu kooti!

Odoon arguu dhabuu kooti--- kun hunduu natti  
mul'ate. Al tokko kolfa gadadoo ofitti kolfeen kophaa  
haasa'uu jalqabe!Silas ana malee namni biraa waan jiru  
natti hin fakkaatuu silaa maarree yoon kophaa haasa'ee  
kolfe!

'ii---iiii---ilaali hiriyaa kee!silas ilaalu malee  
namoomuu beektaamitii ati amma shumburaa sanii!'  
Naan jedhe. Itti dhaggeeffadheen dafee dammaqee  
harka rurrukutuun keessummeessituu waan dhugamu  
akka itti naaf dabaltu waame.Hammasitti garuu maal  
akka yaadee akkas jedhen gaafdhe.

'Maalinni shumburaan?'gaafadhe.

'Shumburaadha kaa;shumburaan funyaan qabdi malee  
furrii fudhachuu hin dandeechuu!ati hammasii!'amma  
baay'ee nah in ajaayibne.

'Akkamittan akkas ta'a?'

'atuu argitaamii,namoonni as keessa jiran kun kan  
durba mudhiin sorsaa hammatanii faana marmaaran  
kun hunda isaanitiif Waaqatu qoma keessaa baasee

kenneef seetee. Afaanumaan dubbatanii amansiisan malee. Ati afaan hin qabduu? ati hin dubbattuu? hin amansiistuu? maal taatee jirta?'

'Animmaa al tokko amanee amansiiseen jira! irra deddebi'een amansiisa moo?'

'Ega amansiistee meerre akka ambaa of biraa qabda ree?'

'Ammaaf yaadan wal dhabneet na biraa hafte'

'na jibbite maaf hin jenne!'

'lakkii na jibbuu ishii hin barree'

'Baruu waan hin barbaannefi hin dandeenyef malee si Jibbiteerti'

'isa situ beeka'n jedheen aaree. Akkan aare narratti bare natti fakkaate;

'Lakkii anoo si gorsuu kiyya turee'naan jehe.

'nama gegeeddari jettee na gorsuun kee nati yaa hafu!'

'maal qaba yoo jiraate namni konkolaatayyuu ni geeddara mitii ,yoo durba geeddarte---' yoo kana aarri natti laboobeen dhugaatii dafee dafee walirra fudhadhe. Kaayyoon ittiin dhufe isa adoochuu tureeyyu gedduutti na hirraanfachiise malee. Ammas itti daddabaleen akka nafa of hoo'isuu ta'e.

'daddabali si malee ani suma faanan jiraa' jedhe. ammas wareereen itti dabale. Sodaan keessa kootii garuu homaa hir'achuu hin dandeenye.

‘yoo anaa jette maadiggaa dhugaatii jala oolii buli gaafa sirraa gale hinuma wal argannaa---dheeffitees na jalaa hi baatu!’naan jedhe .Baay’ee waanan dallaneefan ‘maaloo yaa Rabbii’ jedhee harkaan battiffadhee adda koo gubbaa of dhahe.Dura isa hubuufin godhe.Garuu na dhukkubnaan akka qaama kiyya ta’e bare.Kana keessa garaan ‘mee suuta walii galaa’naan jedhe.Qososeet sodaadhan natti dubbate.Obsa dhabeet dabaree otoo hin eeggatiin:

‘Callisi atimmoo waan sitti ergan baachuu malee maaltu iccitii ilma namaa keessa si galche---’jedheen. Garaan deebii tokkollee akka hin kennineef adareen sossobee teechise.Innis sanumaan walitti nu dhiisee duubatti deebi’e.Tasuman mana fincaanii dhaquuf ka’ee duubatti darbe.Bakkicha yoon ga’ee gidaara mana fincaanii maddii qaxxaamuru qaama qullaa lamatu dhaabbata.Boca moo qaama nama dhugaati jedheen ilaluu jalqabe.

‘namni dhugaa ammoo halkan kanaan,kanaa hoo’a akkanaa keessaa qorra akkanaatitti qaama qullaa kan gadi bahu maal ta’e jedheetoo!’jedhee of amansiisee fakkii simintoon tolfame san bira kutee darbuuf yoon jedhu dabaree dabreen socha’u.Saalfifi naasun walitti na jalaa makameetan dhaabadhe.Abjuus se’eera.



‘Maal ati?’n jedheen.Qaamni isaanii lamaan akka utubbee saqalaatitti wan wal utube fakkaatet duubaa fuulduratti yaa’a galee jira.Waa dubbachuuf waan danda’anii miti.Sagalee adinsaa qofatu darbee darbee dhagahama>Nama ta’uu barraanan callisee tare.

‘Ajjeesi jennaan ulfeesse abbaan daakaa-jedhan’naan jedhe dafeetoo.

‘Maalimmoo?’n jedheen deebisee

‘kunoo doo’attemiree!’

‘kanaafuu akkana godhi jettaa?!

‘eeyyee; kan akkana siif taatu barbaadii godhi’

‘fayyaa hin qabduuyi barana!’

‘maal gochuu keet sii wayyaree kan jaalattu silaa si sobdee kan biraa hin jaalattuu?’

‘eeyyee hin jaaladhu’

‘Eegas animmoo jaalala malee hin jiraadhu; babbareedaa kana otoon ilaaluu sis nagayaan hin jiraachisu!’jedhe. Abbaa irree natti fakkaate,abbaa irrummaas natti mul’ise.Bulchiinsa mootummoota Afrikaa tokko tokko...,bittaa warra barri kenneefit na yaachise.

‘Jaalala malee hin jiraattuu?yoo kan jaalattu dhabde hoo?’

‘Akkamittan kana hunda keessaa dhaba!’

‘kan argan hundaayyuu nijaaltuu?!’

‘Keessaa filatu’

‘Takkittii filadhee jaaladhe, ishiidhan walitti bu’e; ammaan achi jaalachuu hin fedhu’ jedheeniin haxxiffadhe. Akka tasgabbii ta’eet, ammas dabalee ‘animmoo jaalala malee hinjiraadhuu sitti furaa!’ naan jedhe.

‘Yoon asii si dhidhimse hoo maal haadha keet goota! Ana harka jirtaam! beektee?!’ amma anis innis aarree jirra.

‘Eessatti? qii---qiiii---iii achitti kophaa sin teechisaa?’ jedhe seeqatii .

‘Maal hadha keet fidda, bakka mucaan duraan jaaladhe argee hin dallanne , bakka namni na hin beekne, bakkan kan biraa beekke hin dubbifne, naannoo haara’ attan si dhidhimsa!’

‘Maal waan ta’eefi kaa kun hundi?’

‘Ishiin dura jaaladheen ala kan biraa hin jaaladhu. Ishiidhaan waanan wal dhabeef jaalala namaa dhiisetan jiruu baqaa jiraadha. Kun ejjennoo koo isa dhumaati. Kanaan ala wantiin siin jedhu hin jiru. Atis waan biraa akka hin daballe’ jedheenitan irraa garagare. Sanaan booda ejjennoo kootitti cimeen isa fudhadhee gara naannoo na hin beeknetitti deemee kophaa jiraachuu jalqabe. Jaalalleen toos kitaaba fi qalama taate Gimbichuutti.

Jiruu Gimbichuu

Mee naa ta'i michuu! Jedheen jireenya moxobadhe.

## QUUFA

Sodaatet dheeffe jechuutti daggalatti galee  
Na'in danda'u jechuutti sagal si biraa qalee  
Yoo ati galtuu taate  
Galtuu ta'uu qabajettaaree  
Yoo qabi siin jedhan,  
qabuuf moo qabamuuf  
Qeerransatti kaatta yaa saree!

## **HIDHAA**

Niitii fuudhi jedha har'as abbaan kiyya  
Eessan taa'ee fuudha anuun qabu biyya  
Mana ijaarradhu jetti harmeen na gorsitii  
Eegan keessa taa'ee hidhaan manaa mitii?

**DAMMA**

Damma hin nyaatinaa,yoo nyaachuudhaaf ta'e,  
Harka arraabbataa yoo damarraa ka'e,  
Afaan mi'eeffata,kan dammarra' taa'e!

**ANI**

Kolfi kolfi naan jedhaa akkan waan gammadee  
Boo'i boo'i naan jedhaa akkan waanan gaddee  
Boo'ichi dhugoomee gabrummaarrayin maddee  
Boo'uu malee gammaduu,  
yooman takkaa yaadee.

## **HAADHA WARRAA TOO**

Wal jaalachuu gaafas,

eenyut dursee yaadee?

Tasa wal arginaan wal mararre koodee

Hoodhu jaalala koo kunoo **Siifan** fidee



**GADDA LUBBUU**

Kufaatidhaan miti namnillee kan gadduu;  
Du'aanillee mitii lubbunis kan badduu;  
Kaayyoo uummamteef san,  
yoo barbaaddee dhabduu!

## **ABAARREE**

Abaarree guddiftee akkan biyyee nyaadhuu  
Atumti arjoomii bukeessii naa laadhuu  
Tasa yoonan darbe abarsi kee ga'ee;  
Diinaf fira meeqat biyyaaf biyyoo ta'ee?!

## **AJAJA**

Ajaja Akkoo Manooyyee way yaa cimina  
Akkas deemaa dhaqee karrarra ciisinnaa  
Horiin mana hin oolin narras hin yaasinaa  
Ta'e dubbiin barana  
Jedha ergaan warranaa!

## **DIBAANYAA**

Otoo karaa deemtuu dahumsaan qabamtee  
Dibaanyaatti duute Miixaan itti hammaatee

(kibba walloo keessa)

## **MOOSEEFAA**

Moosefi kaarotii maalif baala baatuu

Gadi jedhii buqqisi isaan hudduu nyaatuu!

## **GAADDISA GADDAA**

Dureen akka daa'imaatitti otoo hin daa'immin boqota tokko malee ture kan guddatte. Abbaan ishii otoo ishiin hin dhalatiin ture kan addunyaa lammaffaatti darbe. Abbaa kiyyan fakkaadha jettee ishiin dubbachuuf yaa rakkattu malee namoonni akka abbaa ishii fakkaattu itti himan baay'edha; waan saalaa hin kaasnu malee. Haati Duree jiruu injifachuuf bu'aa ba'iin ishiin keessa hin dabarre hin jiru. Dureen is taanan sanuma; dhalattee gaafa oggaa shaniit ganda halagaatitti galte. kana kan godhe ammoo abbaa biddeenii ishiit ture. Innis hiyyeessa waan ta'eef walitti hirkatanii loolloo rakkinaa bahuufi malee lamaan isaanituu -harreen ofiinuu hin galtuu---kan jedhan sani. Innis haadha Dureetirra ,haati Dureetis isarra wanti waayyan hin jiru. Inni Duree jibbee otoo hin taane ishii isaan faana qooda hagabuu bultu ofiifis nyaattee isaanifis bu'aa akka buustuuf barbaadeti. Dureen ganda namicha dureessa Bojaa jedhamuutitti weessoo raasudhaan qacaramte. Haati Dureetifi abbaan warraa ishii magaala Caffee keessatti hojii guyyaa hojjechaa oolu. Haati Duree guyyaa kan hojjetuun ala halkan haraqee

baastee dimshaashan warra biraatitti gurguratti. Abbaan warraa ishii gaafa hojii guyyaa kan gatiin fooyya'e dhabe mana foonititti waaddituu ta'ee qacarama. Manneen foonii lakkofsaa ol waan ta'aniif hojiin hin dhabamu gatiitu kufaadha malee.

Dureen erga achitti jabaattee of beektee namichumti ishii fudhate mana barumsaa ishii galche. Obbo Bojaan boddee keessa waan qaban hunda gurguranii konkolaataa fe'iisaa waan bitataniif dureen heddu weessoo raasuun hin dhiphattu. Guyyaa tokko konkolaataa Bojaatirratti abbaan manaa Haadha Duree muka fe'ee akka Finfinneetti gurguru waann gaafatameef mukicha fe'ee gara Finfinnee deemaa odoo jiruu konkolaataa waliin riqicha keessa bu'ee lubbuun isaa darbite. Ijaa kanaan Bojaanis harka qalleessa waan ta'ee dureen manichaa baatee akka deemtu haalli dirqisiise. Kanaaf ishiin filannoo waan dhabdeef gara haadha ishiititti deebite. Bara san barumsa ishii addaan kuttee waan humni isaanii danda'e hojjechaatii bahanii bara lammataa barumsa ishiititti deebite. Haati ishii erga lammaffaa irraa du'ee dhirsa kan jedhan kakattee intala ishii waliin taa'uu murteessite. Haala kanaan bara rakkinni itti cime addaan kutaatii bara fooyyeen mul'ate ammoo barachaatii kutaa 12ffaa qoramte Dureen. Yeroo ishii

baa'ee barumsa irratti waan hin dabarsineef qabxiis gammachiisaa hin fidne ture. Akkasuma ta'eetis kan dorgommii TTI ishii galchu waan argatteef Dorgomtee Koolleejjii Barsiisota Mattuutti darbite. Yeroo achii deemuuf jettu qarshiin waan ishii rakkiseef haatii ishii ulaan harka hin keenye hin turre. Dhumarrattis milkooftee turtee Dureenis barumsa ishii hordofuuf dandeecherti. Koolleejjii barsiisota Mattuu akkuma geecheen Micayyoo Kololee jedhamtuun wal saa'ibatan. Dubbachuuf saalfattuu taatullee Kololeen ija cabsitee waan nama dubbistuuf daddaftee wal baratteen. Barumsa isanii waliin hordofuun eebaf gahanii barsiisummaan shawaa kaabaa mana barumsa Leemmanitti erga takkaa ramadaman. Haadha ishiitiif dabarsuuf kutattee waan kaateef waan hundumaa haadha tiyyaaf jechuu baay'ifti. Qarshiin isaanif kanfalamu garuu san hunda kan abbaa irraa hafee nama biraatiif ooluu miti. Kun ammo keessattuu dareedhaf dhukkubbii mataat ta'e. Kanuma keessaa hagabuus ooltee hagabuus bulteet haadha ishitiis qarshii ergiti. Ta'us itti bahuu dadhabde. Akka durbaa uffachuu, dibachuu ,faayamuus ni feeti. Afachuun ishiitis bakka itti baasu wallaalte. Kanaan bira qaama babal'oo waan taateef nyaanni ishiin fudhattuufi kan ishii barbaachisu wal gituufi dide.



“Kololeetoo maalan godha qarshiinis na gahuu dide, Kanan nyaadhuus na hin quubsuu!kanaan bira meeshaa Tookkollee hin bitanne---”Jetteen.Kololeen ammoo faallaa ishii jalaa ta’et ture.Ishiidhaaf ammoo qilleensa itti yaa wallaaltuu hin beekkamuu nyaanni ta’uufi dide.

“Wayyoo Duree too simmoo si nyaachisaa anaaf nyaanni Naa ta’uu dideetan kinoo namoomaa bahee deemaa”

“Wayyoo waaqni kunis cubbuu godhaam!maal ta’aayyuu odoo akka keetii kana naaf godhee!”

“Kun gaariidha jechuudhaa Dureetoo?”

“Eeyyee gaaridha !anaaf gariidha odoo akkas ta’ee qarshiin Garri irra caalu haadha tiyyaaf deemaa!”

“Yeroo hunda akkana hin ta’uu bar,ani amma waan biraa Yaaduu calqabeen natti fakkaataa kan akkas ta’e”jetteen Kololeen kolfaatii.

“maal yaadde”daftee gaafatte dureen

“Mucaan jaaladhu tooko yemmuun yaadu beelli narraa Bada,baay’ee na yaachisa---kanumaaf natti fakkaata kanan Nyaata dadhabu----”Kololeen hin xumurre sanuma keessa yoosuu yaadutti ceete.Dureen odoon jaaladhee anis akkasumaayyuu laata jetteet of keessatti ofuma gaafatte.Itti aansuun geddumaan Kololeen

“Odoo wal bira jiraannee silaa jiruu salphifnee jiraanna

Silaa akka amma rakkinni namuudatu kana hin ta'uuyyuu!Inni achitti ni rakkata ani asitti nan rakkadha. Kanaan biratti Wal yaadna maal wayyaa!" jechuun imimmaan dhiitaa dhiitaa kunbuluullachiifte. Dureen jaalala dhandhamtee waan hin beekneef imimmaan Kololee gaafa argitu jaalachuu amma qara eeboot sodaatte;Odoos hin beekiin dhiirota shakkuutti kate.Garuu keessa ishiititti akkas jette:

'Odoos waliin jiraannee jiruun ni salphifnaayyu---'kan Kololeen jette san yaadatte.

'Dhugumaayyuu odoo gitni ofii jiratee waliin jiraatanii jiruun Salphachuu hin oolu'jetteet ofiin qaaqxe. Tasuma Kumsaa yaadatte. Kumsaan barsiisaa mana barumsa isaan itti barsiisaniiti;magaala dheeraa,ilkaan kaarruu,amal qabeessaa kan ol jedhee nama hin ilaalle--fakkii isaa sammuu keessatti kaaste.

'Sirriidha isumaa !'waan jedheen itti fakkaate sammun ishii.

'Maaliif garuu kan nama hunda keessaa natti hiiqu' jetteet of gaafatte.Deebii isaa argachuuf garuu yeroo itti fudhate.'hin beeku waan isaa!garuu odoo jaalalaaf ta'ee maal jetta?Ni didda moo tole jettaaf ?'jedheen mataan ishii.Kolfa itti dhooste odoo hin yaadiin.Kolfichi ishiis Kololees garba yaadaa keessaa dammaqse.

“Maal duree?”

“Homaa miti!kophaan kolfaamii!” jettee ammas dabaltee kolfitee nagahaan oli jettee gara mana ishiititti kutte. Galtee mana ishiitti dugdaan ciiftee, ‘Odo Kumsaan dhufee ija isaa argee’yaadni jedhu sammuutti dhufe.Odo hin beekiin jaalalli yaadaa ishii qabuu isaat hubatte.

‘yoo na gaafatehoo? Hin ta’uun jedhaanii!muufateet deema Tole yoon jedheen ammo---’jechaatiit gaaffii tarreessitee ofumaa of gaafattee deebiis ofumaa laatte.Waan tokko odoo hin ta’iin ammoo saalfidhaan quba ofii ciniinte.Eenyu akka saalfatte garuu hin beektu.Saalfiin keessa ishii wareersee yoo ol jettu Kumsaan balbala irra dhaabbatee jira.Bakka seentu dhabde;of dhoksuuf qaawwi ishiin hin hawwine hin turre.Asiif achi ilaalte;homaa!

“Duree”jedhe saglee hasaasa hin caallen.cal jetteen.Ammas itti deebi’et waame.Jalaa owwaatte harka lamaan afaan ishii jabeessitee qabattee>Nama waa hatee irrattii barama fakkaatti. ‘Kan warrana jedheef kan barana jedhe hin hafu’ akka jedhan san ta’et Saalfii ishii cabsee Kumsaan manatti olseene.Kan ishiin saalfatte isa yaadaa turtee akka waan isa waamtee yoo itti dhufu keessi ishii itti kolfe.Inni ammo ishiin saalfattee afaan qabachuu ishii

gaafa argu salfattuu isaa gadii akka taate hubatee itti dubatatee waan bahetti akka bahu fedhi isa mudde.Sodaan isa wareere.Keessa deebi'uun 'fachu har'a akkanumatti haasofneet boru---'jedhee itti dhiise.Dureenis gama ishiitiin isa hawwituus keessa ishiititti of sodaattee jirti .

'Yoo hiyyummaa kiyyaaf jedhee booda na jibbee hoo!?'jedheet yaade sammuun ishii.

'yoo hiyyummaa kiyyaaf karaa naa darbu ta'e hoo!?'jedhe asuma deebi'ee.Kuumsaan baa'ee hin teenye. "Jedhi"jedheet ka'ee sokke.Waan dallansiifte itti fakkaatet baay'ee rifatte.Inni garuu kan ka'e soda isaa jala dhaabbachuu dadhabeet,garaani fi sammuun isaa lolaniiniti.

'Ka'i deemi,si'is jedhee jaalataa!hiyyeessa hudduu daaratii mitii Ati! Maal jaalatta!?' jedheen sammuunsaa. Garratti mari'ate,

'Homaa miti gowwaa gadhee koo!itti himadhuu jaalala kee ibsiifIshiinis si jaalachuu maltii---'

'ilma hiyyeessaa duuba kee yaadadhu,badi asii ani hiyyeessa hin Jaaladhuu yoo siin jette gaafa biraa ija ishii fuuldura dhaabbattee Mana barumsa tokkotti barsiisuun si hin rakkisuu?!sitti hime' jedheen sammuunisaa ammas dabalee.Ammas garaan isaa waan tokko itti hasaase:

‘dhaqii gaaffu ishiinis dhala hiyyeessat fakkaattii!ta’uus baatu---’ yaadota kanatu raasee jennaan mana dhiisee bahuu filate Kumsaan.Ishiin ammoo dallaneet kute seete.

“Maal kumsitoo?” jetteen yoo dallanee jiraate akka ishiin hin jibbine beeksisuuf.

“Hoo---oo homaa,battallee tokkon ijoolleef soroorsafan boru nan dhufaa”jedheen kolfa boo’arra hinwayyine tokko kolfaatii.Deemee yoo karaa walakkaa gahu waan tokko yaadatee xiinxaluutti ka’e.

“ ‘Kumsitoo’ ” jeteeyii Dureen yaa Rabbii!na jaalatti jechuudhayi?Yaa Rabbi dhugaa godhi!dhugaa godhi’-- -Duree garaan ciisuu dadhabeera. ‘--- maal balleesetan deeme laata’ jechuun sammuu of raasaa jirti.Lamaan isaanituu kara deemaa lama kan walitti hin dhufne ta’aniiru.dabareen lamaanuu ni gaya;yeroo waan garaa isaanii itti haasa’an,lamaanuu yeroo waan darbaa kaasanii itti bashannanantu dhufa yoo Waaqni jaalalaa isaan gedduu jiraate.Dureen odoo hin beekiin ,Kumsaan odoo sodaatuu lamaanuu kan wal jaalatan,jaalala dhugaa yaa Waaq tuftaa kee itti nuuf godhi jechuu irraa lamaanuu hin adabne;garuu walitti himanii hin beekan. Bariisaa lamaanuu mana barumsaatitti yoo walitti dhufan fuula ifaadhan yoo wal simatan qabbanni akka gedduu isaani jiru baran.

Keessi isaanii fedha jaalalaa karaa ijaa erga geechifate. Kumsaan waan jedhee beellamsiifatu dhabe.Haasa'a gowwumaatiin:

“Galagala dhufetan taphadhaa buna hin danfistuu”jedheen.Deebiin ishii battalumatti

“Anuu yaadera!”yoo ta’u ammoo saalfiin isa qunxuuxe.Ishiinis kana jettee waa’ee mana ishii yoo yaaddu golli sihii hir’uu,qaawwa ta’uun isaa gaddisiise.Ta’us isa dhabuu waan hin barbaanneef ‘Jaalataan furrii waliin’jettee cunuunfatte.Kanuma keessa ammoo waa’een haadha ishii ijatti dhufe.Sababni ishiin homaa manaa dhabdeef ishiin akka barattuuf liqii haati ishii liqeeffatte san kanfaluuf waan ta’eefi.Haa ta’u malee hanga ammaatittuu irraa hin dhumne.Yeroo sanitti ammoo intalli tee barsiistuu taate jechuudhaan liqii irra jiruuf taa’i ka’ii dhoowwanii turan warri liqii irraa qaban.Kanaan biratti dhalli qarshichaa dachaa isa dura liqeeffatanii ta’ee jira.Yeroo darbe guutuu kanfalu didde jedhee Zabxiyya buusuun kan gadhiifamte erga Dureen dhaqxee wabii taatefii ture.Dureen waan jiru hunda waliin gechee buna danfisuun Kumsaa eegde.Kumsaan ammoo har’a hiriyoota isaatiin gorfamee onnee haraqeedhaan bitatee waan hundaafuu qophaa’ee itti qajele.Yoo Duree bira gahu wanti hundi akka yeroo

kaanii miti.Dureen wanta ta'eef haara'a waan taateef itti hiiqxee gaafachuuf bakka teechnu ol jettee gara inni taa'utti qajeelte.Afuurri isaa maadiggaa farsootiin adda hin jiru.

“Kumsitoo”jettee tapha calqabuuf yoo daadditu butee of jala buuse.Rifaatuun arraba ishii gogseet dubbii ishii dhoowwe.Garuu:

“Maaloo Kumsitoo ani silas keetumaa,maaloo---akkanatti---Maaloo humnaan moo ---edaa nah in jaalaltuu---”Oduma ishiin jettuuwan kaayyeffateefi waan gorfamee dhaqe san raawwatee ka'e.Ishiin waan laaftef achumatti marantee hafte.Yoo san akka iyyuu dandeechu,iyyitee akka isa salphisuu dandeechu ni beekti.Garuu Kumsaa ishiin jaalattu san waan ta'eef gochuu hin feene.Inni garuu waan fedhe raawwannaan ishii gatee qajeele.Kana yoo argitu amoo garaan ishii waaddane. 'Gaabbiniifi eegeen duuba dhufa!'jetteet imimmaanin fuula dhiqattee callifte.Yaadni dhufeef hin jiru.Barii isaa mana barumsaa hin dhaqne,gadda mataa ishiitiif taa'aa oolte. Ija isaatiis arguu hin feene waan hundumaa keessa ishiititti qabatee ofii ishiitii ofiifis isaafis dhoksitee ta'uu barbaadde.Bakka kale inni itti ishii dhiisee deemee odoo ol hin jedhiin achuma oolte.Galgaltuu Kololeen wan hafteef gaafachuu yoo deemtuu Dureen imimmaaniin fuula of

luqqiftee jirti. Gadi cimaan akka jiru tilmaamuun salphaa ture. Maalummaa isaa baruuf ammo amaadaan gaafachuu malee itti waan boochu waan itti fakkaateef hin sardine. Cinqii fi sossobaa meeqan booda wanticha barte. Falli isaa ammoo too'annaa jala oolchuu qofa ta'uu isaat cimsitee itti himte. Haa ta'u malee namichi ammo gaafasuma mana barumsaa bakka bu'ee leenjii deemuu isaat yaadatte. Isaaf deebirratti qopheessanii akka eeggatanii fi hangasittuu ammoo dhiiga qorachiisanii nageenyummaa ishii baruuf Kololeen yada dhiyeessite. Kumsaan akkum dhufeen Zabxiyyaa isa buusuuf Kololeen baa'ee ifaajjitus Dureen jaalala isaa ammayyuu waan garaadhaa qabduuf dhiisuu filatte. Baatii sadi'iin booda Hospitaala fiichee deemtee dhiiga yoo qorachiiftuu HIV+ ta'uu ishii barte. Sammuun Duree waan dhagaye kan amanuu dadhabe. "Wayyoo haadha too---wayyoo harmeetoo! simalee Eenyutu rakkata! Wayyoo---mana hidhaa----!" Odoo hin fixiin duuban jorgaa jette. Guyyootii 5 itti aanu achuma hoospitaalichatti waldhaanamtee gaafa dhumaa yoo of bartu hoospitaala jirti. Achii baatee gaafa mana ishii geechu Kumsaan hidhameera. Dureen achi geechee guyyaa lamaan bood ergaan tokko ishii gahe; haati ishii hidhamuun. Kun ammoo cabaarratti baqaqaa itti ta'e. Har'a odoo ishiin jirtuu kan akkana taate, har'a



odoo ishiin jirtuu kan kanfaluufi dadhabde boru gaafa ishiin waa taate hoo?eessa abbaa ishiit dhaqxi haati ishii hiyyeettiin sun manuma hidhaatitti hafuu ishiitimii!Ani hoo---Duree !jedhee waan waamu itti fakkaate yaadni ishii tokko.Itti aansuunis

‘Ati boru du’uu keetiim!duuti yeroo kamiyyuu ol sitti dhiyaatee jiraam’ jedhee itti ususe.Gurra ishii lamaan qabattee iyyuu feete.

‘Haati tiyya hoo!Hiyyeettiin sun hoo!Kan ana malee homaa hin qabne ishiin hoo!’Dureen cinqnte. Ishiidhaaf HIV+v ta’uun har’uma afaan bofaatirra ejjechuu ta’eet itti mul’ate.Sababni isaa ammoo yoo qoratamtu gorsi gaariin hin kennamneef ture. Keessi ishii waa murteesse. haadha ishii dhiistee akka du’uu hin qabne.Haadha ishii eenyuttuu Dhiiftee du’uu akka hin qabne,Waan liqeenfate waan kanfaltu waan hin qabneef mana hidhaatitti dhiiftee deemuun---Kanaan biratti intalli takkittiin ishiin qabdu,Dureen farad du’aa yaaphattee jirti.Kanaaf ---kanaafimmaa---Duureen ganama lafaa kaatee gara Gimbichuutitti qajeelte. Yemmuu achi geechu haati ishii gadhiifamtee jirti. Ta’us wanta gochuuf jette gara jabinaan gochuuf murteeffatte.Haadha ishii kan dur yaaddee dhaqxee boochee galtu san har’a akkuma nama bira tureetitti

nagaya salphaa tokko gaafattee teeche.Dubbichi abdii keessa haadha ishii jiru akka dungoo baqse.

‘Haadha tiyyaaf jireenyan dabarsuu fi yoon dadhabe du’aanin---’jetteet ejjennoo ishii atattamaan itti kaate.Akkuma durii ishii nyaata qopheessitee dhiyeeffatan.Haati duree waan akkasii sihiirraa argitee waan hin beekneef imimmaan lafa arguu ishii dhoowwera.Dureenis dura cal jettuus yoo nyaaticha dhiyeessitu akka warra boosumarra jiruutitti harqitee dhiyeessite.Haa ishii nyaachuu hin feene ture.garuu yoo araarallee buuse jetteet itti hiiqxe turte.Lamaan isaanituu al lama lamarra afaan hin kaawwanne kan lamaan isaanituu garaa qabatani iyyuu calqaban.Yeroo baay’ee itti hin fudhanne,Haati Duree yoosuu boqata bara baraa boqatte.Dureen garuu odoo garaan ciramee,gubatee lafarra gangalattuu namoonni dhagayan dhaqqabani Lubbun ishii mana yaalatitti du’a oole.Namichi adda duratti shakkame Kan sababa liqiitiin isaan raaku san yoo ta’u battalumatti mana boqotaa seene.Dureen saniin booda hojiidha jettee bakka hojiititti hin deebine.Sammuun ishii dalagaa sirrin ala waan ta’eef oggaa tokkoof namoomaa baateet turte.Yeroo tokko tokko iciitii ishiin qofa beektu tokko sammuu ishii san waliin odeessuun dhumarratti Xumura isaa gurra lamaan qabachuun iyyitee

guduunfiti.Oggaa tokkoof Abboomsatti maraattuu jedhamtee ,karaarra bultee, maaqqaqxee namaaf sa’an erga barantee deebitee dandamachuun Jimmaatti baddee hoteela keessatti qacaramte.Kun bakka namni ishii hin beekne ,Bakka namni haadha ishii itti hin kaafne Dawoo gaariidha.Baa’ee cacalliftuu waan taateef namni hooteelicha dhaqu hundi kan hin kajeelle hin jiru.Isaan keessaa ammoo namichi Joobir jedhamu baa’ee itti cimsuun fuudhaaf ishii amansiise.Kan tole jetteef garuu itti heerumuuf odoo hin taane itti himtee waan dideef innumti argee dhagayee akka ishii dhiisuuf jetteet turte.Guyyaa gaaf beellama isaanii wal qabatanii gara hoospitaalaa dhiiga kennuuf qajeelan. Karaarratti mucaan lotorii gurguru tokko itti dhufe. waan ishii beekuuf walitti dhiyeenyaan

“Kan halkanii si hanqateet guyyaa---nama ormaa eessan dhaqxa?takka dhandhamsiiftee eegee baarisuufimiimmoo---”jedhee itti qoosee narraa bittu malee jedhee waan itti hidhameef lotoroo abbaa baala lamaa walitti qabdee irraa bittee bira darban.Dhiiga kennanii raawwannaan ishiin achi dhaabbattee dhagayuu hin feene ture.Lammaffaa eenyyuf jetteet madoofti.Yoosuu baatee kutte.Joobiir Dabaree isaa seenee yoo gad bahuu ishiin achi hin turre.Baa’ee dallaneet firii isaa

eeggatee fudhachuuf murteesse. Baa'ee odoo hin turiin waammamee seenee fudhatee bahe. Kan ishii garuu doktorichi itti waan hin argisiifneef mala tokko uume.

“Dokatar akkamitti ta'a! akkamitti---?” jedheen

“Maal –v hin ta'u jetteet shakkitaayyuu?”

“Eeyyee! dhugumaa ?! yoo akkasii haati manaa tiyyas – V dha kaa! Ishiin amma asii baate sunis akkasuma kaa-- -!” jedheen akka nama rifatee harganuu. Akka carraa ta'ee yeroo saniif kan dhiiga kenne isaan lamaan qofa waan tureef Doktorichi qorannoo isaa keessatti +V hin argine ture. Innis keessi fi miirri Joobir waan itti ce'eef tasuma “Eeyyee!” jedheen. Joobiir Sa'aatii hin balleessine. Yoosuu dhaqee Dureetti hobbaafate. Deebiin ishii garuu akka inni eege hin turre. Sun ammo baa'ee isa muufachiisan bahee gara mana isaatitti qajeete. Bariis abdii odoo hin kutiin itti deebi'ee sanuma itti hime. Isuma garaa gahuuf jetteet deeme, akka carraa ta'ee yaalamtoonni waan baay'ataniif xiqqoo eeggachuun dirqii itti ta'e. Takka eeganiit seenanii gaafatan. Ishiin ammas achi dhaabbachuu hin feene, yoo kana joobiris baa'ee of shakkaa jira. Tasa--- jedheet sodaate. Akka waan dhaabbachuu dadhabdee “Abbaa warraa kiyyaa isatti naaf ---” jetteenii doktorichaan ofi gadi baate. Guyyaan isaa Kamisa

galgala ture.Yeroon ammoo reefu galgala keessaa sa'aatii 1ta'a;oduun himamaatii jira.Yaadni waan ishii jeeqameef lotarii kaleessumtii bitte san harkatti qabdeet tokko keessaa bantee waanuma hin dubbifanne kana irraa dubbifti.Joobiri firii qabatee "yes"jechaatii yoo ishiitti as bahu ishiin ammoo ija lotorii harka ishii san irra dhaabdeet rifaatudhaan laalaa jirti.Lakkoofsi moo'ate 430430 akka ta'e odu tamsaasaan himee irra kute.Dureen al tokko qofa ol jetteet

"Kana dhabattan haadha too ajjeesem!"jetteen.Joobiir wanta ishiin jetteef haara'a,kanaaf hubachuu hin dandeenye.Qorannoon ishii waan ishii gammachiisee akkas taatu itti fakkate.Odoo ilaaluu gadi deemuu calqabde.

"Nu lachuu bilisa,wal fuushuu ni dandeenya!Duree! Duree---!"

Wanti ishiin har'a argiteefi wanti ishiin saniin dura yaaddee goote fariin walirraa gore.Firiin dhiiga ishiitis har'a -v dha.Vaayirasichatu bade moo ---,Haati Duree qarshii dhabaaf hidhamtee du'uurra Dureen ---,Wanti ishiin haadha ishii itti dhabde hiyyumni har'a harka kenneera.Haati duree garuu hin jirtu.Harka tikeettii lotorii ittii qabatte san Joobiritti hiixatteet lafa dhooftu; battalumatti ija ishii walitti qadaadde.Ishiinis biyya

haati dursitee dhaqxe san daawwachuuf qajeelte. Wanti achitti raawwate sun hundumtuu Joobiriif keessummaa waan tureef rifaatuun garba dafqaatitti isa cuube. Gogeet bakkuma jirutti hafee Gaaddisa gaddaa dhaabbate.

## **SIIVIIL SARVIISII**

Koolleejjii jechuun kanaa Siiviil sarviisii faa  
Achi seenee namuu akkam ta'eet kufaa  
Barumsas kaayyodhas homtuu isa 'in gahuu  
Bakka dhagaan seenee nama ta'ee bahuu!

## **QORICHA**

Yaa beekaa dhimmisi,  
    si beekaa  
Yaa beekaa gad roobi,  
    sin eegaa,  
Beekatu si'ii,  
    situu qorichaa,  
    qorichaan waraannamneet,  
                    qorichaan baafannaa!  
    qorichaan dhaanamneet,  
                    qorichaan hobbaafanna!



## **WALITTI HIRKISA**

Hin waraabaa mitii, laga tokko keessaa,  
Dhirsaa fi niitii fideet, walitti hirkisaa,  
Hir'uu lama qabeet, wal-guutuu taasisaa!  
Akkasumaa ta'ee ni dirbabatuu,  
Bakka dhirsi gaarii niitin gaarii hin taatuu,  
Bakka niitin gaarii dhirsi ammoo yariidhaa;  
Qooda niitii garuu dhiir-yariin gaaridhaa,  
Dhirsi yoo yarattes keessi fooyyee taatii,  
Niitin gaaf yaratte manni jiguu isaatii!

## **HUDHAA KARRA DURAA**

Hudhaan karra kootii yoomittuu guddattee  
Alaalaa mul'atti amma ija baastee  
Ka'eetan kutadha ishiinoo bilchaattee!

## **ODOO SI TA'EE**

Odoosilaa ta'ee ati maalfaa gootaa?  
Lammaffaa dhalachuuf isa akka Gooftaa  
Gaaf lammaffaa dhuftu silaa eenyu taataa?  
Dureessaa?hiyyeessaa? gurraacha moo diimoo?  
An' garuu lammaffaas ta'een dhaladha Oromoo!



## **QUBBEEN KEESSAN**

Hammasin salphadhee orma fira kiyyaa!  
Dhukkubsataa hin turreem gaafan bahu biyyaa  
Yoon hammam madaalu kan akkas kaastanii  
Qubaan na baastanii,qubaan na buustanii.

**HORII**

Beekumsi yoom dhibee,  
                  beekumsaa foo jirtii  
                          kan fudhatu malee,  
Kan iyyu barsiisaa,  
                  kan taa'u barataa  
                          dadhabbiin itti caalee,  
Barumsicha laaleet,  
                  waa galuufi didee  
                          barsiisichat aaree,  
Waa hin barbaadu ta'aa,  
                  waan fedhutuu sanii,  
                          horii jedheet taree!

## **WARQEE QUBAA**

Bakkan kaa'un dhabee, warqee qubaa bitee  
Yooman nama ta'aa, harki na qallatee!

## **JIRUU**

Kan xurree isaa hin barre, dalagaat deegani  
Jiruu malee jiru; Kan jiruu beekani.



**DEESSEE**

Sin gaafadhaafani , Sin dhabe maal godhanii  
Heerumtees dhagayee Deessee jirta jedhanii.

### **JIRTAA DHIISI !**

Jirtaa hin jedhinii nagaya na gaaffuu  
Kan jiruu baranaa booddetti yaa hafuu  
Eeyyeen kaa'ee jiraa jirtaa iyyaafattee  
Akkaataa jiruu koo atis yoom gaafattee  
Jirtaa maaf naan jettaa akkamittii dhiiftee  
Jiraannanuu kinoo dhaaphee na kuffiftee;  
Jireenya tokkorraa jiruu zeeroorraatii,  
Calqabeen na dhibe moo'uun lafarrattii  
Hiyyoommadheen jira kinoo amma har'aattii!

## **AKKANUMATTI QABNA!**

Qe'een abbaa kootii golli harmee tiyyaa  
Ijoollee too jedheet gurra qabee iyyaa.  
Bultiin nutti hammaatee buluu wallaalletoo  
Hunduu nu ifataa homaa dhabne naatoo  
Koodet wal waraanaa ofiif wal jifannaa  
Ofii yoom jiraannee ganda jiraachifnaa!  
Homa hin fayyadamne qabnaa qofa qabnaa!

**WAA LAMA N'DHABIN!**

Moora dhaqaniitoo moora hin dagatanii  
Lola seenaniitoo ija hin lagatanii  
“Shaarmuxaa” tuqanii jecha hin qolatanii  
Waa lama hin dhabin!  
Yookan calqabuu dhiisuu  
Calqaban fiixa baasuu!  
As jigdee achi jigdee---  
Waa lama hin dhabin!  
Maarraxi burraaqi akka ilma dureessaa;  
Bara namaa guutte babbaroodaniitii  
Bobboyi too harqi akka ilma kuyyiisaa;  
Bara namatti hir’uu gaggadoodaniitii  
Dandeechu baroodii  
Dadhabdu mar’adhuu  
Murtiin kophaa hin toluu  
Firaan mari’adhuu  
Yoo kin sagaliin lolii  
Yookan sagalee tolii  
Koottu!

## **DHUGUMAA?**

Biyyi jannataa kun waa jira jettanii?  
Mee nutti odeessaa namoonni beektanii  
Hin jiru jechuudhaf amane sodaadhee  
Na gaafannaan anuu eeyyen jira jedhee  
Keessi kan koo didee an' cinqiin na qabee  
Dhugaa saa baruuf ka'achii dhufen dhabee!

**MAATIN---**

Waa hin godhinaa malee godhaa hin gorsanii  
Meeqa saanititu ofiimmoo obsanii?---

Ijji ergamtuu taatet arrabni odeessitee,  
Garaan gammadeefi onneen fakkeessitee,---

Ilkaan kattoommatee kan hundatti kolfu,  
Buqaan corroqooftee kan hundumt horfu,---

Tokkichi daldalatii lama harka dha'uu,  
Akka milkaa'etoo waa buufatee ba'u,---

Hin godhinaan saanii godhaa godhaa ta'ee;  
Du'aatti qixxeesse karaan achiin ba'ee!

## **BAR-FUULDURAA**

Duuti gota ta'ee,reenfa yaabee danfaa,  
Bareenni irdii taatee,achi riphee kolfaa,  
Eegaa bar-fuulduraa waan akkasiit dhufaa,  
Babbareenni dhumteet fokkuu qofti hafaa!

**MANA BARNOOTAA**

Ulaa cabsuun lixu dur maana barnootaa

Ulaa cabsaniit bahu har'ammoo maal gootaa!

Naannessoon barnootaa, alaa manni hawaasaa,

Barsiisaa kutaa jiruu namni meerre keessa!?



## **WAAMICHA JIREENYAA**

Waamichi jireenyaa kinooti na ga'ee,  
Of ta'uu dadhabeen kinoo nama ta'ee

**WAA CABU MALEE...**

Ni du'a hin jedhinaa sun an'qofaa mitii  
Goota meeqaatam duuti afaan hiitii!

Mee garuu,

Du'a ajjeesudhaa, odoo labsiin baanee,  
Ajjeesnee du'uudhaa, tokko jennee kaanee,  
Silaa oggaakkanaa har'a du'a moonee!  
Wantumti nu miidhe, du'a nurra't goobse,  
Warra du'a bule warra du'a dheesse,  
Odo hundi keenyaa, erga takkaa kaanee,  
Waliif walirratti bu'ii du'aa buunee,  
Silaa du'a moonee  
Har'a mirgaan baanee!  
Nu'itu erga takkaa waliif du'uu dhiisee,  
Dabaree dabareen halbee du'aaf ciisee.  
Ishiinis san beektii, takka takkaan filtee,  
Goota goota nyaatti lugna lugnaa hiltee.  
Silaammaa odoo erga takkaa duunee,  
Du'a mataa ishii achas finnee hiinee!  
Du'ii du'a moo'ii namuu ni sodaatuu,  
Odo hin du'in ammoo akkamiin moo'atuu!

**I HOPE**

An imp spoke

An imp smoke;

Because we are zipped!

An imp carried

An imp married;

Because we are terrified!

An imp eat

An imp fit;

Because we are paralyzed!

An imp joy

An imp enjoy

Because we are sad!

No matter today

Tomorrow may be other

If this imp doesnot kill us

all together!

**UNLESS WE UNIT...**

When a dog barks,

I supposed it saw hyena

But dog it self!

What is it a dog barks at a dog!?

When a bird sings,

I supposed there comes dawn

But midnight!

What is it a bird singing in the midnight!?

An elder told me,

There comes a money command;

when we loss friend!

When I see racked horse,

I thought a scarcity of grass,

But in the green garden!

What a curse is it, a horse fasts grass!?

When I see a country decayed,

I thought illiterate government!

Yes in bundles of intellectuals!

What misfortune is it, a country is led by  
illiterates!?

An elder told me,

Authority matter!

A Country latter!

When my people cry,  
    I thought all together  
    But individually!  
    What a loss is it each dies hiddenly!?  
    When I consider suppression,  
    It sticks gradually  
    Still in and all  
    What a fate a day lost or coast!?

An elder told me  
Past wounded  
Present crackes  
Future destroys us  
Unless we unit!

**YES I WAS , YES I AM**

You need to know me,  
More than just you know me  
You need to find me,  
Where I could not reach!  
You thought I am coward,  
For I speak nothing,  
You thought I am forlon,  
For I weep always  
You thought I am starved,  
For there is condolence  
In fact, yes I was, yes I am  
For I brought nothing!

Every body gazed at me,  
Begging on the street  
Every body listened to me,  
Crying in mid night!  
Every body talked about me  
That I am mad!  
yes I was ,yes I am  
For I did it in the knowledge of no one!  
Living in the present,  
I yearn time past,

Which I could no more call back!  
Nostalgia of heroes broken my heart!  
So that I have been percied imp  
For I did not go the way they like!  
But this is un to them,  
I am not mad,  
I am not coward,  
I am not poor,  
I am not imp!





**DOOMSDAY**

Some fight;

Day and night,

Only for the survival!

Others fight;

Day and night,

Only for the power!

Both are only, only and only,

For their lives seek them badly;

Each one respectively!

Hand to mouth-a monkey business,

Is equivalent to life in a palace.

For you act as you know,

And react to what you ow.

For who fights to survive,

A destiny is being alive!

For those power seekers,

A kingdom is living a life!

Yet each them dies;

Die, buried away;

Now comes equivalence,

and dooms day!

<b>BAAFATA</b>	<b>FUULA</b>
1.SIIFAN .....	6
2.GATAA LAKKUU.....	11
3.YOOM?! .....	12
4.BILISUMMAA AFRIKAA .....	13
5.MURTII .....	14
6.HARMEE.....	15
7.BAREEDA.....	16
8.HUMNASAA .....	17
9.BAGA HIIKEE.....	18
10.HAQA KANNIISAA.....	19
11.GADHEE MITI ! .....	20
12.MUCUCOO .....	21
13.BADAA!.....	22
14.HIN AJJEESIN .....	23
15.MOROMAA .....	24
16.QUUFA.....	36
17.HIDHAA .....	37
18.DAMMA.....	38
19.ANI .....	39
20.HAADHA WARRAA TOO .....	40
21.GADDA LUBBUU.....	41
22.ABAARREE .....	42
23.AJAJA.....	43
25.DIBAANYAA .....	44
26.MOOSEFAA .....	45
27.GAADDISA GADDAA .....	46
28.SIIVIIL SARVIISII .....	63
29.QORICHA .....	64
30.WALITTI HIRKISA.....	65
31.HUDHAA KARRA DURAA .....	66
32.ODOO SI TA'EE.....	67
33.BIRRAA BARIIL.....	68

34.QUBBEEN KEESSAN.....	69
35.HORII .....	70
36.WARQEE QUBAA .....	71
37.JIRUU .....	72
38.DEESSEE .....	73
39.JIRTAA DHIISI ! .....	74
40.AKKANUMATTI QABNA!.....	75
41.WAA LAMA N'DHABIN! .....	76
42.DHUGUMAA? .....	77
43.MAATIN--.....	78
44.BAR-FUULDURAA .....	79
45.MANA BARNOOTAA .....	80
46.WAAMICHA JIREENYAA.....	81
47.WAA CABU MALEE... ..	82
48.I HOPE.....	83
49.UNLESS WE UNIT.....	84
50.YES I WAS , YES I AM .....	86
51.VANITY .....	88
52.DOOMSDAY .....	89